Nageenya Talaallii COVID-19: Maaltu Beekamuu akka Qabu

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Talaalliwwan rakkoo hin geessisan

Talaalliwwan COVID-19 United States keessatti argaman seenaa U.S. keessatti to'aannoo nageenyaa cimaa keessa kan darbeedha[1]. Talaalliwwan hundinuu itti fayyadama balaa tasaa U.S. Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaata fi Qoricha U.S) kan raggaasifame yookin hayyameedha—kana jechuun FDA waan rakkoo geessisu hamaa ta'e homaa hin argine. Ogeeyyin walaba ta'anis qorannoowwan kana kana ilaalan yoo ta'u, rakkoo homaatuu hin argine.

Hawaasni osuma talaalliwwan kanatti fayyadamuu gama biraan immoo nageenyummaa fi bu'a qabeessummaa isaa qorachuun ittuma fufa. United Satates yaaddowwan nageenyaa ilaaludhaf maloota heddu lafaa qabdi waan ta'eef rakkoon wayii jiraannan hatattamaan bira geessi.

Talaalliwwan kun ni hoojatu

Talalliwwan muraasni kanneen biroo irra waan caalan kan fakkaatu odeeffannoo argitan ta'a. Yaaliiwwan qorannoo kilinikaa (clinical trials) akka agarsiisanitti talaalliwwan hundinuu COVID-19 ittisuu irratti baay'ee milkaa'oo kan ta'aniidha. Garaa garummaa talaalliwwan gidduu jiru madaalun rakkisaadha, sababni isaa yeroo garaa garaatti yaalirra oolan waan ta'aeef. Muraasni isaanii gosoota COVID-19 adda ta'an irratti yaalamaniiru.

Erga guutummaatti talaallii fudhattaniin booda iyyuu COVID-19 nama qabuu ni danda'a, haa ta'u garuu carraan baay'ee dhukkubsachuu yookin hospitaala deemuu muraasa. Qorannoowwan akka agarsiisanitti tokkoon tokkoo talaalliiwwanii dhukkuba COVID-19 **cimaa** ta'e yoo xiqqaate dhibbeentaa 85 niin hir'isuu irratti bu'a qabeessa ta'uun isaanii mirkanaa'era. Talaalliwwan kun namoonni heddu mallattoowwan COVID-19 **kamiyyuu** tiin akka hin qabamne isaan irraa ittiseera:

- Johnson & Johnson (Janssen), dhibbeentaa 74
- Pfizer-BioNTech, dhibbeentaa 95
- Moderna, dhibbeentaa 94

Dhiibbaan (side effects) waanuma jiruudha

Talaallichi COVID-19 isinitti hin fidu. Haa ta'u malee, akkuma talaalliwwan biroo dhukkubbiin muraasni isinitti dhagahamuu danda'a. Kunneen mallattoolee talaallichi hojjachuu isaa agarsiisaniidha. Doozii lamaaf, dhiibbaan talaallii marsaa lammataa booda jiru cimaa ta'uu danda'a. Ni danda'ama yoo ta'e, erga fudhattaniin booda guyyuma sana yookin guyyaa lamaaf boqonnaa fudhadhaa. Talaalliwwan COVID-19 doozii lamaan kennamaniif, doozii lammataa fudhachuu keessan mirkaneeffadhaa. Erga doozii lammaffaa fudhattaniin booda hanga torban lama guututti guutummaatti qaamni keessan dhibicha hin ittisu.

Gatteettii/irree bakka lilmoo waraannattan:

- Dhukkubbii
- Diimachuu
- Dhiita'auu

Qaama keessan hundumaa irratti: Dadhabbii

- Dadhabbii
- Mataa bowwoo
- Dhukkubbii maashaa
- Dhaamochiisuu
- Qaama gubaa
- Haqqee

[1] Centers for Disease Control and Prevention, "Safety of COVID-19 Vaccines (Nageenya Talaalliwwan COVID-19)". Bitootessa 25, 2021, marsariitii kana irratti argama: https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/safety/safety-of-vaccines.html.

Mallattoowwan alarjiikii

Alarjikiin sababa talaallichaatin namatti dhhufu baay'ee xiqqaadha, nama mudachuus danda'a. Alaarjiiin tarii yoo isin mudate, erga talaallii fudhattanii booda manni yaalaa sun daqiiqaa 15'n ilaala. Isaan rakkoo kaan furuudhaf kan leenji'ian waan ta'aniif akkamitti aka isin gargaaran ni beeku.

Erga kilinikaa baatanii alaarjikii yoo isin mudate 911 tti bilbilaa. Mallattoleen alaarjikii: harganuu rakkachuu, fuulli fi qoonqoon dhiita'uu, onneen saffisaan dhikkisuu, qaama keessan irratti waanti akka shii badaa ta'e yaa'uu, dawweessuu fi dadhabbii fa'i.

Yaaddoo nageenyaa kamiyyuu akka ilaallu nu gargaaraa

Rakkoowwan gara biraa kamiyyuu gabaasudhaaf V-safe dhaaf galmaa'aa: vsafe.cdc.gov. Hirmaannan keessan talaallicha namoota hundumaaf nagaa qabeessa ta'ee akka tursiifnu gargaara.

Isin yookin ogeessi fayyaa keessan rakkoowwan gara biraa cimoo ta'an the Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS) (Mala Gabaasa Haala Yaaddessaa Talaallii) tti gabaasuu danda'u. FDA, Centers for Disease Control and Prevention (CDC) (Wiirtuun Ittisaa fi To'annoo Dhibee) fi Washington State Department of Health (DOH) (Muummeen Fayyaa Nannoo Washington) Rakkoowwan uumamuu danda'an ilaaluf VAERS fayyadama.

Gabaasa vaers.hhs.gov irratti galchuu dandeessu.

Yaalicha irratti namoonni sanyii fi gosa garaa garaa hirmaataniiru

Saayintistoonni tokkoon tokkoo talaallii namoota kumaatama irratti yaalii gaggeessaniiru.









[2]Food and Drug Administration. "FDA Briefing Document: Pfizer-BioNTech COVID-19 Vaccine", Walgahii Vaccines and Related Biological Products Advisory Committee (Koree Gorsituu Talaalli fi Bu'aalii Baayolijikaaliitiin Walqabatanii). Mudde 10, 2020, marsariitii kana irratti oonlaayinii ni argama: https://www.fda.gov/media/144245/download.

[3]Food and Drug Administration. "FDA Briefing Document: Janssen Ad26.COV2.S Vaccine for the Prevention of COVID-19", Walgahii Vaccines and Related Biological Products Advisory Committee. Guraandhala 26, 2021, marsariitii kana irratti oonlaayinii ni argama: https://www.fda.gov/media/146217/download.

[4]Food and Drug Administration. "FDA Briefing Document: Moderna COVID-19 Vaccine", Wal gahii Vaccines and Related Biological Products Advisory Committee. Mudde 17, 2020, marsariitii kana irratti oonlaayinii ni argama: https://www.fda.gov/media/144434/download.

Talaallichi ijooleedhaf, dubartoota ulfa ta'anii fi namoota haalota armaan gadii keessa jiraniif bu'a qabeessadha. Yeroo namoonni baay'een talaallii fudhatan, nageenyummaa fi miidhaa fiduu danda'u ilaalchisee deetaa dabalataa argachuu itti fufna jechuudha. Deetan akka agarsiisanitti talaalliwwan COVD-19 rakkoo kan hin qabnee fi miidhaan cimaan inni geessisu baay'ee xiqqaadha.

Taallii fudhachuu irratti yaaddoo yoo qabaattan, ogeessa fayyaa yookin hojjataa kilinikaa haasofsiisaa

Alarjiiwwan

- Namni gaheessi qabiyyee talaallichaatif alarjii hin qabne kamiyyuu talaallicha akka fudhatu Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuuwwan To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa) ni gorsa.
- Sababni alarjikii COVID-19 yeroo heddu faatii talaallicha keessa jiru kan polyethylene glycol (PEG) and polysorbate jedhamuun dhufa jedhamee yaadama.
- Talaalliwwan akka kan nyaata keessatti argamuu alarjeeniwwan wal fakkaataa hin qaban, kanaaf yeroo talaallin COVID-19 fudhatamu larjiiwwan kanneen biroo yaaddoo ta'uu hin qaban. Fakkeenyaf, talaalliwwan kun hanqaaquu (egg), laateeksi fi pirizarvatiivii irraa bilisa.

Namuusa

Qabiyyeewwan talaalliwwan COVID-19 naga qaabeessa waan ta'aniiif talaalliwwan hojii isaanii akka hojjataniif ni barbaachisu. Baaqqen talaallii Johnson & Johnson koppii sanyii seelii laaboraatorii keessatti guddate keessatti kan omishamuu yoo ta'u seelichi jalqaba selektive kan jedhamu waggaa 35 darbe kan ta'e irraa dhufe. Chickenpox, rubella, and hepatitis A dabalatee talaalliwwan heddu bifuma wal fakkaatdhaan omishamu. Talaallin kamiyyuu seeliwwan namaa (seelii fitasii dabalatee), vaayirasii COVID-19, latex, pirizarvaativii yookin qabiyyee fooni fi gelatin dabalatee omisha haftee (byproducts) of keessaa hin qaban. Talaalliwaan hanqaaquu keessatti kan guddatan miti akkasumas omisha hanqaaquu of keessaa

Raakkoowan fayyaa

- Qorannoowwan akka agarsiisanitti, talaalliwwan COVID-19 namoota rakkina fayyaa qaban irrattis naga qabeeyyi fi bu'a qabeeyyii turan. Hirmaattota yaalii talaallii keessaa dhibbeentaa digdamaa hanga 45 kan ta'an rakkoolee fayyaa kanneen akka furdina, dhibee sukkaaraa, dhibee onnee, dhibee tiruu fi HIV qabu.
- Namoota dandeettiin dhibee ofirra ittisuu isaanii dadhabaa ta'ee yookin farra dhibee deebi'ee qaama isaanii miidhu (autoimmune conditions) qaban fayidaa talaallin isaanif qabu irratti ragaa waa'ee nageenyaa murtaa'aa qabna. Ammayyuu taanan, gareewwan kun talaallii akka fudhatan CDC ni gorsa; sababani isaa namoonni kun COVID-19 dhaan qabamnaan carraa dhibee cimaatif saaxilamuu olaanaa qabu.
- Ogeeyyin fayyaa ulfaa fi dahuumsaa akka jedhanitti dubartoonni ulfa ta'an, kanneen harma hoosisanii fi gara fuulduratti ijoollee godhachuuf karoora qaban talaallii COVID-19 fudhachuu ni danda'u. Talaallin COVID-19 yeroo ulfaa homaa rakkoo akka hin qabne ragaalen ni mul'isu. Qorannoowwan tokko tokko akka agarsiisanitti maatin talaallii fudhatan farra dhibee (antibodies) COVID-19 yeroo ulfaa fi harma hoosisan ijoollee isaanitti akka dabarsan ni agasriisa. Dubartoonni ulfa ta'an dhibee COVID-19 tiif baay'ee saaxilamoodha, du'uus danda'u. Dhibicha ittisuuf talaallin filannoo baay'ee murteessadha.

DOH 348-799 February 2022 - Oromo

Dookumentii kana bifa (format) biraatiin akka isinii kennamu gaafachuudhaf 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.